

## **Qajeelfama Aangoo fi Gahee Hojii Dameewwan Dhaabbii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lakkoofsa 16/2013**

Manni Hojichaa, tajaajila haqaa Damee Dhaabbiitiin kennamu caalmaatti dhaqqabamaa fi si'ataa akka ta'u akkasumas baasii fi dhamaatii abbaa dhimmaa akka xiqqeessu taasisuuf, Aangoo fi Gahee Hojii Damee Dhaabbii murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Aangoo fi Gahee Hojii Labsii Lakk.214/2011'tiin Mana Hojichaatiif kenname hojiirra oolchuuf Damee Dhaabbii cimsuun barbaachisaa waan ta'eef;

Qindeessaan, Abbaan Alangaa fi hojjataan bulchiinsaa Aangoo fi Hojii Damee Dhaabbiitiif kenname bifa iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu danda'uun akka raawwatan seeraan deeggaruun waan barbaachiseef;

Haala to'annoo, hordoffii fi deeggarsa Dameen Dhaabbii caasalee Mana Hojichaa isa jala jiruuf taasisuu qabuu fi akkaataan walitti dhufeenya isaanii adda bahee akka beekkamu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakk.214/2011 keewwata 27(2)' tiin qajeelfamni kun bahe jira.

### **Kutaa Tokko**

#### **Tumaalee Waliigalaa**

##### **1. Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun “*Qajeelfama Aangoo fi Gahee Hojii Damee Dhaabbii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakk.16/2013*”, jedhamee waamamuu ni danda'a.

##### **2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiikaa biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti:

- 1) “**Mana Hojii**” jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.
- 2) “**Damee Dhaabbii**” jechuun Caasaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa ta'ee, kenniinsa tajaajila mana hojichaa dhaqqabamaa taasisuuf, akka barbaachisummaa

isaatti teessoo magaala muummeetiin ala, dhaabbiidhaan akkaataa hojmaata jiruutiin kan gurmaa'ee jechuu dha.

- 3) **“Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa”** jechuun, Itti Aanaa Hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ta'ee, Hooggana Damee Bulchiinsa Dhimmoota Falmii Seeraa jechuu dha.
- 4) **“Daarektara”** jechuun gaggeessaa daayirektoreetii akkaataa caaseffama Mana Hojichaatiin muudame jechuudha.
- 5) **“Qindeessaa Damee Dhaabbii”** jechuun Sadarkaa Daayirekteraatti, Abbaa Alangaa hojii Damee Dhaabbii ol'aantummaan qindeessee akka hoogganuuf Gumii bulchiinsa Abbootii Alangaatiin dhaabbiidhaan yookiin yeroo murtaa'eef muudame hojjatu jechuudha.
- 6) **“Garee Abbootii Alangaa”** jechuun miseensota Abbootii Alangaa sadarkaa Damee Dhaabbiitti dhimmoota yakka malaammaltummaa fi taaksii yookiin yakkootee adda addaa fi dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti dhihaatan murteessuuf dhaabbiidhaan yookiin yeroo hundaa'aan jechuu dha.
- 7) **“Magaalota Muummee fi Ol'aanoo”** jechuun kaaayyoo qajeelfama kanaatiif, Magaalotaa itti waamamni isaanii Mootummaa Naannichaatiif ta'an jechuudha.
- 8) **“Nama”** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

### **3. Ibsa Koornayaa**

Qajeelfama kana keessatti jechi koornayaa dhiiratiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### **4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Qajeelfamni kun Damee Dhaabbii Mana Hojichaa dhaabbiidhaan gurmaa'ee jiruu fi caasalee isaa sadarkaan jiran hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### **Kutaa Lama**

### **Gurmaa'insa, Ramaddii Godinaa, Aangoo fi Gahee Hojii Damee Dhaabbii**

### **5. Gurmaa'insa Damee Dhaabbii Mana Hojichaa**

- 1) Dameewwan Dhaabbii Mana Hojichaa akkaataa armaan gadiitiin gurmaa'aniiru:
  - (a) Damee Dhaabbii Kibbaa;
  - (b) Damee Dhaabbii Bahaa; fi
  - (c) Damee Dhaabbii Dhihaa.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, Manni Hojichaa kenniinsa tajaajilaa dhaqqabamaa taasisuuf akkuma barbaachisummaa isaatti Damee Dhaabbii biroo gurmeessuu ni danda'a.

## 6. Godinaalee Dameewwan Dhaabbii Jalatti Ramadan

- 1) Dameewwan Dhaabbii Godinaalee armaan gadii kan hammatan ta'u:
  - (a) Dameen Dhaabbii Bahaa teessoon isaa Magaalaa Adaamaa ta'ee, dhimma Godina Addaa Magaalaa Adaamaa, Godina Shawaa Bahaa, Arsii, Harargee Lixaa fi Harargee Bahaa irra dhiyaatan kan ilaalu ta'a;
  - (b) Dameen Dhaabbii Lixaa teessoon isaa Magaalaa Naqamtee ta'ee, dhimma Godina Wallagga Bahaa, Horroo Guduruu Wallaggaa, Wallagga Lixaa, Qeellam Wallaggaa, Bunnoo Beddellee, Iluu Abbaa Booraa fi Jimmaa irraa dhiyaatan kan ilaalu ta'a;
  - (c) Dameen Dhaabbii Kibbaa teessoon isaa Magaalaa Shaashamannee ta'ee, dhimma Godina Arsii Lixaa, Baalee, Baalee Bahaa, Gujii, Gujii Lixaa fi Boorana irraa dhiyaatan kan ilaalu ta'a.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma jirutti ta'ee, Manni Hojichaa kenniinsa tajaajilaa dhaqqabamaa taasisuuf akkuma barbaachisummaa isaatti Godinaalee Damee Dhaabbii jalatti ramadaman irratti sirreeffama barbaachisu taasisuu ni danda'a.

## 7. Aangoo fi Hojii Damee Dhaabbii

- 1) Dameen Dhaabbii yakkoota malaammaltummaa qorachuu, himachuu fi falmuun walqabatee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Yakka Miseensa Caffee, Bulchaa, Itti Aanaa Bulchaa, Itti Gaafatamtootaa fi Itti Aantota Manneen hojii Mootummaa sadarkaa Godinaa akkasumas Abbaa Alangaa Godinaatiin raawwatamu;
  - (b) Yakka Pirezidaantii fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa, Ajajaa Poolisii Godinaa, Qorattoota Poolisii fi Koree Manaajimantii Poolisii Godinaatiin raawwatame;
  - (c) Yakka Kantiibaa, Itti Aanaa Kantiibaa, Itti Gaafatamtoota fi Itti Aantota Manneen hojii Mootummaa Magaalota Muummee yookiin Ol'aanaatiin raawwatame;
  - (d) Yakka Ajajaa Poolisii, Qorattoota Poolisii fi Koree Manaajimantii Poolisii Magaalota Muummee fi Ol'aanaatiin raawwatame;
  - (e) Yakka Itti Gaafatamtoota fi Koree Manaajimantii Mana Sirreessaa Godinaa, Miseensa Boordii Mana hojii Mootummaa fi Dhaabbata Misooma Mootummaa sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa Muummee yookiin Ol'aanaatiin raawwatame;
  - (f) Yakka Mana hojii Mootummaa yookiin Dhaabbata Misooma Mootummaa yookiin Jaarmiyaa Uummataa keessatti raawwatame hanga miidhaa dhaqqabe yookiin maallaqni qisaasame yookiin bu'aan argame miliyoona kudhanii ol ta'e;

- (g) Yakka dhimma dantaa naannichaa, diinagdee, nageenyaa fi jireenya uummataa naannichaa yookiin biyyaa irratti miidhaa guddaa dhaqqabsiisan yookiin dhaqqabsiisuu danda'aan jedhamee yookiin haala addaatiin akka qoratamu Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yookiin Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiin itti amaname;
- (h) Yakka malaammaltummaa raawwiin isaanii Naannoo biroo waliin walqunnamtii qabuu fi dantaa mootummaa fi uummata Naannichaatiin walqabatu Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa beeksisuun ni qorata;
- (i) Yakka aangoo Mana Murtii Waliigalaa ta'ee, raawwiin gochichaa Godinaalee lamaa fi sanaa ol walqunnamsiisu ta'ee, sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa yookiin Aanaa tokkootti qorachuun rakkisaa ta'ee argame;
- (j) Yakka aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'ee, Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa bakka bu'uummaan aangoo irratti qabu;
- (k) Murtii Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyyannoon ilaalee murteesse irratti ol'iyyata ni gaafata; iyyata ijibbaataa ni qopheessa;
- (l) Murtii Mani Murtii Ol'aanaa Godinaa dhimma yakka malaammaltummaa\_ ilaalchisee kenne irratti Abbaan Alangaa Godinicha komii kan hin qabne ta'ee, abbaan dhimmaa immoo komii yoo ol dhiyeeffate, komicha qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate tarreessuun ol'iyyanni akka irratti gaafatamu qajeelfama ni kenna;
- (m) Yakka aangoo Mana Murtii Ol'aanaa yookiin Aanaa yookiin Magaalaa ta'aanii walxaxiinsa dhimmichaa irraa kan ka'ee, Abbaa Alangaa Waliigalaatiin, yookiin Itti Aanaa Hoogganaa Damee Bulchiinsa Dhimma Falmii Seeraatiin yookiin Daayirekteraan yookiin Qindeessaan haala addaatiin sadarkaa Damee Dhaabbiitti akka qoratamu ajajame;
- (n) Dhimma malaammaltummaa Mani Murtii Ol'aanaan Godina Damicha jala jiruu aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyyannootiin ilaalee murtii kenne irratti ol'iyyata Damee Dhaabbiitti dhiyaatuuf deebii ni kenna; ni falma;
- (o) Qabeenya yakka malaammaltummaan horatame yookiin qisaasame dhorkisiisuun barbaachisa ta'ee yoo argame, ajaja Mana Murtii baasuun ni dhorkisiisa; tarkaaffii seeraa ni fudhata;
- (p) Murtii Mani Murtii Aanaa yookiin Magaalaa dhimma malaammaltummaatiin walqabatee kenne irratti, gareen Adeemsa Aanaa yookiin Magaalaa komii ol'iyyannoo kan hin qabne ta'ee, gareen Adeemsa Godinaas kanuma erga cimseen

booda, abbaan dhimmaa yoo komate, komii dhiyaatu qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate tarreessuun Aanaan yookiin Magaalli dhimmichi irraa dhiyaatee ol'iyyata akka gaafatu karaa Godinaatiin qajeelfama ni kenna;

(q) Yakka malaammaltummaa aangoo Damichaa ta'e kan biroos ni hojjata; ni falma;

2) Dameen Dhaabbii yakkoota taaksii qorachuu, himachuu fi falmuun walqabatee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

(a) Yakka taaksii raawwiin isaanii Naannoo biroo waliin walqunnamtii qabuu fi dantaa mootummaa fi uummata Naannichaatiin walqabatu Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa beeksisuun ni qorata;

(b) Yakka taksii aangoo Mana Murtii Waliigalaa ta'ee raawwiin gochichaa Godinaalee lamaa fi sanaa ol walqunnamsiisu ta'ee, sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa yookiin Aanaa tokkootti qorachuun rakkisaa ta'ee argame;

(c) Yakka taksii aangoo Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa ta'ee, Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa bakka bu'uummaan aangoo irratti qabu;

(d) Murtii Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhimma taksii irratti aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyannoon ilaalee murteesse irratti ol'iyyata ni gaafata; iyyata ijibbaataa ni qopheessa;

(e) Murtii Mani Murtii Ol'aanaa Godinaa dhimma yakka taaksii ilaalchisee kenne irratti Abbaan Alangaa Godinicha komii kan hin qabne ta'ee, abbaan dhimmaa immoo komii yoo ol dhiyeeffate, komicha qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate tarreessuun ol'iyanni akka irratti gaafatamu qajeelfama ni kenna;

(f) Yakka taksii aangoo Mana Murtii Ol'aanaa yookiin Aanaa yookiin Magaalaa ta'aanii, walxaxiinsa dhimmichaa irraa kan ka'ee, Abbaa Alangaa Waliigalaatiin, yookiin Itti Aanaa Hoogganaa Damee Bulchiinsa Dhimma Falmii Seeraatiin yookiin Daayirekteraan yookiin Qindeessaan haala addaatiin sadarkaa Damee Dhaabbiitti akka qoratamu ajajame;

(g) Dhimma yakka taksii Mani Murtii Ol'aanaan Godina Damicha jala jiruu aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyannootiin ilaalee murtii kenne irratti ol'iyyata Damee Dhaabbiitti dhiyaatuuf deebii ni kenna; ni falma;

(h) Murtii Mani Murtii Aanaa yookiin Magaalaa yakka taaksii ilaalchisee kenne irratti, gareen Adeemsa Aanaa yookiin Magaalaa komii ol'iyannoo kan hin qabne ta'ee, gareen Adeemsa Godinaas kanuma erga cimseen booda, abbaan dhimmaa yoo komate, komii dhiyaatu qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate tarreessuun Aanaan yookiin

Magaalli dhimmichi irraa dhiyaatee ol'iyyata akka gaafatu karaa Godinaatiin qajeelfama ni kenna;

- (i) Yakka taaksii aangoo Damichaa ta'e kan biroos ni hojjata; ni falma;
- 3) Dameen Dhaabbii yakkoota adda addaa qorachuu, himachuu fi falmuun walqabatee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
  - (a) Yakka adda addaa aangoo Mana Murtii Waliigalaa ta'ee raawwiin gochichaa Godinaalee lamaa fi sanaa ol walqunnamsiisu ta'ee, sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa yookiin Aanaa tokkootti qorachuun rakkisaa ta'ee argame;
  - (b) Yakka adda addaa aangoo Mana Murtii ol'aanaa yookiin Aanaa yookiin Magaalaa ta'aanii Abbaan Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Daayirektarri yookiin Qindeessaan sababa gahaa irratti hundaa'uun haala addaatiin Damee Dhaabbiitti akka qoratamu ajaju;
  - c) Yakka adda addaa raawwiin isaanii Naannoo biroo waliin walqunnamtii qabuu fi dantaa mootummaa fi uummata Naannichaatiin walqabatu Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa beeksisuun ni qorata;
  - d) Yakka raawwiin gochichaa Godinaalee lamaa fi sanaa ol walqunnamsiisu ta'ee, sadarkaa Godinaa yookiin Magaalaa yookiin Aanaa tokkootti qorachuun rakkisaa ta'ee argame;
  - e) Murtii Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhimma yakka adda addaa ilaalchisee aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyyannoon ilaalee murteesse irratti ol'iyyata ni gaafata; iyyata ijibbaataa ni qopheessa;
  - f) Dhimma yakka adda addaa Mani Murtii Ol'aanaan Godina Damicha jala jiruu aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyyanootiin ilaalee murtii kenne irratti ol'iyyata Damee Dhaabbiitti dhiyaatuuf deebii ni kenna; ni falma;
  - g) Murtii Mani Murtii Ol'aanaa Godinaa dhimma yakka adda addaa ilaalchisee kenne irratti, Abbaan Alangaa Godinichaa komii kan hin qabne ta'ee, abbaan dhimmaa immoo komii yoo Damichatti dhiyeeffate, komicha qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate tarreessuun ol'iyyanni akka gaafatamu qajeelfama ni kenna;
  - h) Murtii Mani Murtii Aanaa yookiin Magaalaa yakka adda addaa ilaalchisee kenne irratti, gareen Adeemsa Aanaa yookiin Magaalaa komii ol'iyyanoo kan hin qabne ta'ee, gareen Adeemsa Godinaas kanuma erga cimseen booda, abbaan dhimmaa yoo komate, komii dhiyaatu qorachuun qabxiin komachiisu yoo jiraate tarreessuun Aanaan yookiin Magaalli dhimmichi irraa dhiyaatee ol'iyyata akka gaafatu karaa Godinaatiin qajeelfama ni kenna;

- i) Dhimma yakka adda addaatiin walqabatu kan aangoo Damichaa ta'e, kan biroos ni hojjata; ni falma;
- 4) Dameen Dhaabbii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa himachuu fi falmuun walqabatee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
- (a) Dhimmoota Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaa irratti qabu falmuuf yookiin deebii dhiyeessuuf aangoo ni qabaata;
- (b) Aangoon falmii himannaa fi deebii dhiyeessuu keewwata kana keewwata xiqqaa 4(a) jalatti tumame akkuma eeggametti ta'ee, akkaataa ulfaatinnaa fi walaxiinsa dhimmichaatti barbaachisaa ta'ee yemmuu argamu gaafii Goninaatiin Dameen Dhaabbii dhimma aangoo godinaa ta'e, irratti himannaa dhiyeessuu, deebii kennuu fi falmii gaggeessuu ni danda'a;
- (c) Dameen Dhaabbii dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa akka barbaachisumma isaatti, dhimma jaar-miyaalee uummataa kan Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaataa-in ilaalee murtii kennuu danda'uu fi dhimmoota ol'iiyannoon dhiyaatan bakka bu'uun ni himata; ni falma; deebii ni kenna; murtii kenname bu'uura seeraatiin ni raawwachiisa;
- (d) Gaaffii dhiyaateef irratti hundaa'uudhaan wixinee waliigaltee mana hojii mootummaa fi dhaabbata misoomaa mootummaa naannichaa sadarkaa naannoo ta'anii daangaa Damichaa jalatti argaman qaama biroo waliin taasisan ilaalchisee seera qabeessummaa isaa ni xiinxala; gorsaa fi deeggarsa seeraa ni kenna;
- (e) Dhimma manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa sadarkaa naannoo ta'anii daangaa Damichaa jalatti argaman irratti waldhaban ilaalchisee dhimmichii karaa mana murtiitiin yookiin mana murtiin ala mala filannoo jiruun akka furamu ni murteessa; bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaa ni hordofa;
- (f) Namoota himannaa hariiroo hawaasaa banachuuf yookiin falmachuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaa fi maanguddoota dhimma sadarkaa jalqabaan Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaatti ilaalamuu fi dhimmoota ol'iiyannoon dhufan ilaalchisee bakka bu'ee ni falma; akka falmamuuf ni taasisa;
- (g) Nama gocha yakkaatiin miidhaan irra gahee himata hundeesse falmachuuf humna hin qabne ta'e, sadarkaa Dhaddacha Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaatti dhimma ilaalamuu

bakka bu'ee beenyaa akka argatu himannaa hariiroo hawaasaa ni dhiyeessa; ni falma yookiin walta'iinsa ni taasisa;

- (h) Dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti murtii Dhaddachii Dhaabbii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa aangoo sadarkaa jalqabaatiin yookiin ol'iyyannoon ilaalee murteesse irratti ol'iyyata ni gaafata; iyyata ijibbaataa ni qopheessa;
  - (i) Hariiroo hawaasaatiin walqabatee dhimma aangoo Damichaa ta'e, kan biroos ni hojjata; ni falma;
5. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1-4 jalatti tumaman akkuma jiranitti ta'ee, Dameen Dhaabbii akka barbaachisummaa isaatti yakkoota malaammaltummaa fi taksii yookiin yakkoota adda addaa yookiin dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaalchisee aangoo fi hojii waliigalaa armaan gadii ni qabaata:
- (a) Hubannoo seeraa ni kenna;
  - (b) Iyyannoowwan yookiin komiiwwan adda addaa yeroo kaawaman keessatti ni keessummeessa; furmaata ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
  - (c) Dhimmi hariiroo yookiin yakkaa raawwatame qorannoo odiitii (investigation audit) kan barbaachisu yoo ta'ee, qaama dhimmi ilaaluun qorannichi akka gaggeeffamu ni taasisa;
  - (d) Dhimma namoota mirga yakkaan himatamu dhabuu qabaniifi yakkaan shakkamani yookiin himatamuu qabani ilaalchisee, yaada murtii **garee Abbootii Alangaa** Damichaatiin kenname galmee qorannaatiin walqabsiisuun karaa qindeessichaatiin Daarektara dhimmi laallatuuf ni erga; Daarekterrichi dhimmicha keessa qorachuun yookiin qorachiisuun Itti Aana Abbaa Alangaa Waliigalaa waliin mari'achuun yaada murtii waliin Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ni dhiyeessa; Damichii yaada furmaata kennamu irratti hundaa'e tarkaaffii barbaachisu ni fudhata;
  - (e) Gaaffiin bu'uura keewwata kana keewwasta xiqqaa 5(d)'tiin dhiyaatu, Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa irraa yoo ta'ee, yaadni murtii garee Abbootii Alangaa Godinaatiin kenname galmee qorannaa waliin walqabatee beekkamtii Itti gaafatamaa mana hojii Abbaa Alanagaa Godinaatiin Daarektara dhimmi laallatuuf ergama; Daarekterrichi dhimmicha keessa qorachuun yookiin qorachiisuun Itti Aana Abbaa Alangaa Waliigalaa waliin mari'achuun yaada murtii waliin Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ni dhiyeessa; Godinnichi yaada furmaata kennamu irratti hundaa'e tarkaaffii barbaachisu ni fudhata;



- (f) Dhimma yakka malaammaltummaa fi taksii yookiin yakka adda addaa yookiin dhimma hariiroo hawaasaa aangoo Damee ta'ee, kan biroos ni ilaala; ni falma;
- (g) Imaammata, tarsiimoo, karoora, Dambii fi Qajeelfamni Mana Hojiichaa hojiirra akka oolu ni taasisa;
- (h) Murtiiwwan yookiin qajeelfama Mana Hojichaatiin kennamu ni raawwata;ni raawwachiisa; raawwii isaa ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
- (i) Godinaale Damicha jala jiraniifi akkaataa barbaachisumma isaatti Aanalee Godinicha jala jiran hanga ta'ee filatee yoo xiqqaate waggaaatti yeroo lama daawwanna ni gaggeessa;
- (j) Dameen Dhaabbii barbaachisaa ta'ee yoo argame, dhimma aangoo isaa ta'ee Manni Hojii Abbaa Alangaa Godinaa akka qoratu taasisuu ni danda'a;
- (k) Bulchiinsa manneen sirreessaa fi buufataalee poolisii keessatti haala qabiinsa mirga namooma ni too'ata; ni hordofa; haala qabiinsa irratti sarbamni mirga namooma kan jiru ta'u isaa yommuu bira gahu yookiin gabaasni yeroo isa gahu, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- (l) Qajeelfama hojii Godinni Damicha jala jiru gaafatuuf guyyaa hojii torba keessatti deebii deebisuuf qaba;
- (m) Haala hojii Godina Damicha jala jiraniifi ni too'ata; ni hordofa, ni deeggara;
- (n) Gabaasa raawwii hojii Godinaaleen kurmaana kurmaanaan dhiyeessaniif xiinxalee duub-deebii ni kenna;

## **8. Aangoo fi Gahee Hojii Qindeessa Damee Dhaabbii**

Qindeessaan Damee Dhaabbii Aangoo fi Gahee Hojii armaan gadii kan qabaatu ta'a:

- 1) Itti waamamni Qindeessaa Damee Dhaabbii Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa damee bulchiinsa dhimmoota falmii seeraatiif ta'ee, akkaataa seeraatiin hojii Damee ni qindeessa; ni bulcha;
- 2) Mana Hojicha bakka bu'uun Damee Dhaabbii ni hooggana; qabeenya Damichaa ni bulcha;
- 3) Rakkoolee Damee Dhaabbii sakatta'ee kallattii furmaataa ni kaawa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; humnaa ol yoo ta'e qaama dhimmi ilaaluuf ni qajeelcha; raawwii isaa ni hordofa;
- 4) Abbootii Alangaa fi humna namaa Damicharratti ramadamani ni bulcha; naamusa isaanii olaantummaadhaan ni hordofa; madaallii raawwii hojii raawwatootaa fi Damichaa ni gaggeessa; bu'aa madaallii qaama dhimmi ilaaluuf ni erga; barbaachisaa

- ta'ee yoo argame eeruu badii naamusaa qaama dhimmicha ilaaluuf aangoo qabuuf ni dabarsa;
- 5) Karoora Mana Hojichaa irraa ka'uun karoora Damee Dhaabbii ni qopheessa; ni mirkaneessisa; hojiirra oolmaafi raawwii karoorchaa ni hordofa;
  - 6) Hojiin Damee akkaataa hojmaataa, maanuwaalii akkasumas istandaardii kaawameetiin hojjatamuu isaa ni hordofa; hordoffii hojii duraa fi duubaa (pre and post audit) ni gaggeessa;
  - 7) Bu'aa qabeessummaa hojiitiif hanga barbaachisaa ta'etti, aangoo fi hojii isaa Abbootii Alangaa Damichaatiif bakka bu'ummaan dabarsu ni danda'a;
  - 8) Dabaree hojii baasuun garee Damee Dhaabbii ni bobbaasa; oolmaa Damichaa ni hordofa; iddoo hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; bakka Manni Murti Waliigalaa dhaddacha naannawaan hojjatutti humna namaa barbaachisan ni ramada; ni hordofa;
  - 9) Gabaasa raawwii hojii qindeessee kurmaana kurmaanaa fi waggaadhaan Mana Hojiitiif ni dhiheessa; Akkaataa barbaachisummaa isaattis kan torbaanni fi ji'aa yommuu gaafatamu ni dhiyeessa;
  - 10) Baajata Damee Dhaabbiitiif ramadamu ni bulcha; karoora isaa ni qopheessa; haala sochii faayinaansii ni hordofa; ni too'ata;
  - 11) Qabiinsi sirreeffamtoota seeraa fi shakkamtoota mirga namoomaa kan hordofe ta'uu isaa ni too'ata, qajeelfama barbaachisaa ta'e ni kenna; Waajjira Boordii Dhiifamaa fi Mirga Namoomaa waliin qindoominaan ni hojjata;
  - 12) Qaawwa dandeettii raawwachiisummaa garee Damichaa bira jiru adda ni baasa; akka fooyya'u ni taasisa; Abbootiin Alangaa dabaree dabareen leenjii kennamu irratti akka hirmaatan ni taasisa;
  - 13) Iyyannoofi gaaffii abbaa dhimama, akkasumas qaamolee biroo irraa dhiyaatee aangoofi gahee hojii isaa ta'an irratti murtii ni kenna; kan aangoo fi gahee hojii isaatii ol ta'e, daayirektera dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; Daarekteri dhimmi ilaalu garee abbootii alangaa waliin ta'uun murtii barbaachisu ni kenna yookiin akkaataa barbaachisummaa isaatti yaada furmaataa waliin Itti Aanaa Hoogganaa Mana Hojichaaf dhiyeessuun murtii akka argatu ni taasisa;
  - 14) Kenniinsa tajaajila bilisaa fi badii naamusa abukaattota seeraa sadarkaa Damee Dhaabbiitti argamani ni hordofa; ni too'ata; ni gabaasa;
  - 15) Hanqinnaa fi rakkoo kenniinsa tajaajila Mana Hojii Abbaa Alangaa Damee jala jiran biratti mul'atu adda baasuun dhimmoota sadarkaa isaatti hiikamuu danda'aniif furmaata

ni kenna; kanneen sadarkaa isaatti furmaata argachuu hin dandeenyee qindeessee Daayireektara dhimmi ilaaluuf ni dabarsa; Daarekteri dhimmi ilaalu akka barbaachisummaa isaatti yaada furmaata waliin Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ni dhiheessa; kallattii furmaataa kennamus hojiirra ni oolcha; hojiirra oolma isaa ni hordofa;

- 16) Dhimmoota galmee himataa kaasuu fi qorannaa yakkaa addaan kutuu ilaalchisee sababa isaa adda baasuun yaada murtii karaa Damee bulchiinsa dhimmota falmii seeraatiin Abbaa Alangaa Waliigalaatiif akka dhiyaatu ni taasisa;
- 17) Ajaja Abbaa Alangaa Waliigalaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 16'tiin kennamu duukaa bu'ee ni raawwachiisa;
- 18) Hojiiwwan biroo Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Aantota Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Daayirektara irraa kennamuuf fudhatee ni raawwata; ni raawwachiisa; raawwii isaas ni hordofa;
- 19) Daayirektoretii fi gareewwan Mana Hojichaa waliin qindoominaan ni hojjata.

## **9. Aangoo fi Gahee Hojii Abbootii Alangaa Garee Damee Dhaabbii**

Abbootiin Alangaa garee Damee Dhaabbii aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaatu;

- 1) Galmee qorannoo yakka malaammaltummaa fi taaksii yookiin yakkoota adda addaa yookiin galmee dhimmoota hariiroo hawaasaa Go dinaalee Damee Dhaabbii jala jiraniin qoratamee dhiyaate irratti murtii ni kennu;
- 2) Iyyata Abbaan dhimmaa Godina yookiin Magaalaa yookiin Aanaa Damee Dhaabbii jala jiran irraa dhiyeeffatu sakatta'uun murtii ni kennu;
- 3) Yakkoota aangoo Mana Murtii Waliigalaa Naannichaa ta'an ni qoratu; ni himatu; ni fi falmu;
- 4) Yakkoota aangoo Mana Murtii Federaalaa ta'an irratti galmee qorannoo qoratamee dhiyaateef irratti murtii ni kennu;
- 5) Murtii galmee yakkoota adda addaa yookiin malaammaltummaa fi taaksii yookiin dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti garee Abbootii Alangaa Godinaatiin kenname ilaalanii murtii kenname ni cimsu; ni fooyyessu yookiin ni diigu;
- 6) Eeruuwwan yakkaa dhiyaatan fuudhuudhaan yeroo kaawame keessatti murtii ni kennu;
- 7) Galmee qorannaa fi himannaa yakka malaammaltummaa fi taaksii yookiin yakkoota adda addaa irratti qajeelfama Abbaa Alangaa Godinaa irraa bu'uura SDFY keewwata 41'tiin gaafatamu ilaalani deebii barbaachisaa ta'e guyyaa hojii torba keessatti ni kennu;

- 8) Galmee yakka adda addaa yookiin malaammaltummaa fi taaksii yookiin galmee dhimma hariiroo hawaasaa ol'iyannoon yookiin qorannaan xumuramee Damichatti dhiyaate irratti falmii ni gaggeessu; ni mari'atu; komii ol'iyannoo fi iyyata ijjiibbaataa ni qopheessu;
- 9) Marii garee Abbootii Alangaa irratti ni hirmaatu;
- 10) Hojii dabalataa Qindeessaa Damichaatiin kennamuuf ni raawwatu.

#### **10. Sirna Komii Itti Dhiyaatu fi Murtiin Kenname Ittiin Diiggamu**

- 1) Namni murtee Abbaa Alangaa Damichaatiin kennamu irraa komii qabuu komii isaa dursaa Gareetiif dhiyeeffachuu ni danda'a. Yaada murtee dursaa Gareetiin kenname irratti komii kan qabu yoo ta'e Qindeessaa Damichaatiif dhiyeeffachuu ni danda'a;
- 2) Namni murtii Garee Abbootii Alangaa Damichaatiin kennamu irratti komii qabu komii isaa Daarekteraa dhimmi ilaaluutti dhiyeeffachuu ni danda'a. **Daarekterichi dhimmi ilaalu dhimmicha keessa qorachuun yookiin qorachiisuun murtiin gareen kenname sirrii ta'u isaa yoo itti amane kanuma mirkaneessuun qaama iyyateef deebii kennuu qaba; Qaamni murtee daarekterichi kenne irratti komii qabu komii isaa Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatti dhiheeffachuu ni danda'a; Daarekterichi murtiin garee Damichaatiin kenname jijjiiramuu qaba jedhee kan itti amanu yoo ta'e, yaada murtii waliin Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeessuudhaan paanaliwaliigalaatiin akka ilaalamu ni taasisa;**
- 3) Murteen bu'uura SDFY kwt.42(1)(a)'tiin Garee Abbootii Alangaa Damichaatiin kennamu garagalchaan Daarekteraa ergamu qaba. Daarekterri dhimmi ilaalu murticha keessa qorachuun yookiin qorachiisuun murtiin kenname dogongora yoo qabaate, kanuma qindeessuudhaan Paanaliin waliigalaa akka walitti qabamu Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yaada ni dhiyeessa;
- 4) Murteen bu'uura keewwaa kana keewwata xiqqaa 3'tiin Garee Abbootii Alangaa Damichaatiin kenname sirrii ta'uun isaa yoo itti amaname, Daarekterri dhimmi ilaalu xaalayaa gara Damichaatti barreessuun murtichi akka mirkaneeffame ni beeksisa;

### **Kutaa Sadii**

#### **Dirqamaa fi Itti Gaafatamummaa**

#### **11. Dirqama Abbaa Alangaa fi Hojjattootaa Damee Dhaabbii**

- 1) Qindeessaan Damee Dhaabbii dirqamoota armaan gadii kan qabaatu ta'a;
  - (a) Qindeessaanis ta'ee Abbaan Alangaa Damee Dhaabbii qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominnaan hojjachuuf dirqama qabu;

- (b) Qajeelfama seeraa qabeessaa Daayirektera yookiin Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Abbaa Alangaa Waliigalaatiin kennaman fudhatanii raawwachuuf dirqama qabu;
- (c) Aangoo fi gahee hojii bu'uura qajeelfama kanaatiin kennamteef hojiirra oolchuufis ta'e, hojiirra akka oolu taasisuuf dirqama qabu;
- 2) Abbaan Alangaa Damee Dhaabbii dhuunfaanis ta'e, gareen hojii yookiin ajaja seera qabeessaa qindeessaa yookiin dursaa garee isaaniitiin kennamu fudhatani raawwachuuf dirqama qabu;
- 3) Abbaan Alangaa Damee Dhaabbii dhuunfaanis ta'e, gareen hojii yookiin ajaja seera qabeessaa Mana Hojicha irraa kennamu fudhatani hojiirra oolchuuf dirqama qabu;
- 4) Hojjattootni bulchiinsaa Damee Dhaabbii hojii yookiin ajaja qindeessaa yookiin Abbaa Alangaa damichaa yookiin itti gaafatama dhiyoo isaanii irraa kennamuuf fudhatani raawwachuuf dirqama qabu;
- 5) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1-4 jalatti tumaman akkuma eeggametti ta'ee, itti gaafatamaan yookiin Abbaan Alangaa yookiin hojjataan Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Magaalaa yookiin Aanaa Damicha jala jirani kamiyyuu murtii yookiin qajeelfama seera qabeessaa karaa kallattiinis ta'ee al kallattiin Damee Dhaabbii irraa kennamuuf fudhatani hojiirra oolchuuf dirqama qabu.

## **12. Dirqama Godinni Damee Dhaabbii Jala Jiru Qabu**

Godinni Damee Dhaabbii jalatti ramadame dirqamoota armaan gadii kan qabaatu ta'a:

- 1) Galmee qorannoo aangoo naannoo ta'an qaama dhimmi ilaalu waliin qoratee Damichatti dhiyeessuuf dirqama qaba;
- 2) Galmee Dameen Dhaabbii akka ergamuuf isaan gaafate guyyaa hojii torba keessatti Damichaaf ol erguuf dirqama qaba;
- 3) Galmee Dameen Dhaabbii ilaalee qabxiin dabalataa akka qulqullaa'uuf itti gadi deebisee akkaatuma ulfaatina dhimmichaatiin yeroo gabaabaa keessatti qulqulleessee Damichatti ol deebisuuf dirqama qaba;
- 4) Komii abbaan dhimmaa godina irraa damichatti dhiyeeffatu irratti Damichi dhimmicha qulqulleeffachuuf gaaffii yoo dhiyeesse yookiin qajeelfama yoo dabarse Godinichi gaaffii yookiin qajeelfamicha fudhachuun deebii kennuu yookiin akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiirra oolchuuf dirqama qaba;
- 5) Yeroo Dameen Dhaabbii hojiif yookiin daawwannaaf gadi bu'uu, Godinni deeggarsa baajetaatiin alatti, deeggarsa barbaachisu hunda taasisuuf dirqama qaba;

- 6) Kallattiin hojii Damichii Godinaaf kennu yoo jiraate hordofuuf dirqama qaba; Kallattiin kennamus seera qabeessa ta'u qaba;
- 7) Gabaasa raawwii hojii kurmaanaa fi waggaa garagalchaan Damee Dhaabbii beeksisuu qaba; akkuma barbaachisumma isaatti gabaasa torbaanii fi jia'aa yommuu gaafatamu Damichaaf beeksisuu qaba;

### **13. Itti Gaafatamummaa**

- 1) **Namni** akkaataa qajeelfama kaanaatiin dirqama itti kenname **bahuu dhabe** bu'uura seera rogguma qabuutiin kan itti gaafatamu ta'a;
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, **Abbaan Alangaa qajeelfama** kana cabse, akkaataa Dambii Bulchiinsaa fi Naamusa Abbaa Alangaatiin kan itti gaafatamu yammu ta'u; hojjataan qajeelfamicha cabse immoo akkaataa seera Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan itti gaafatamu ta'a.

### **Kutaa Afur**

#### **Tumaalee Adda Addaa**

### **14. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni dhimmi ilaalu kamiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammataman hojiirra oolchuuf deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

### **15. Seerota Raawwatinsa Hin Qabaanne**

Qajeelfamnii fi hojimaatni hojii Qajeelfama kanaatiin walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

### **16. Aangoo Qajeelfama Fooyyessuu**

Maanaajimentiin Mana Hojichaa barbaachisaa ta'ee yoo argame Qajeelfama kana fooyyessuu ni danda'a.

### **17. Yeroo Hojii Irra Oolmaa Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun guyyaa Maanaajimentii Mana Hojichattiin mirkanaa'e (Guraandhala5, bara 2013) irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee, Guraandhala 5, Bara 2013

Huseen Usmaan Aadam

Abbaa Alangaa Waliigala

- (a) Gaaffiin bu'ura keewwata kana keewwasta xiqqaa 5(a)'tiin dhiyaatu, Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa irraa yoo ta'ee, yaadni murtii garee Abbootii Alangaa Godinaatiin kenname galmee qorannaa waliin walqabatee beekkamtii Itti gaafatamaa mana hojii Abbaa Alanagaa Godinaatiin Daarektara dhimmi laallatuuf ergaa; Daarekterri dhimmi ilaalu barbaachisaadha jedhee yoo itti amane qofa Gareen Abbootii Alangaa Daarektorichaa yaada murtee Damicha irraa dhiyaate galmee qorannoo waliin ilaalanii yaada mataa isaanii akka dhiyeessan ni taasisa;
- (b) Daarekterichii Yaada murtee Garee Abbootii Alangaa Derektorichaa irraa bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 5(---)'tiin dhiyaate yaada murtee fi galmee qorannoo **Godina** irraa dhiyaate waliin walitti qindeessee ibsa barbaachisu waliin Abbaa Alangaa Waliigalaatiif ergaa dhiyeesseen booda, *Godinni yaada furmaataa kennamu irratti hundaa'e tarkaaffii barbaachisu ni fudhata;*
- (c) Daarekterri, dhimmi ilaalu yaada murtee Garee Abbootii Alangaa *Godina* irraa dhiyaate Garee Abbootii Alangaa Daarektorichaatiif dhiyeessuun hin barbaachisu jedhee yoo itti amane, yaada murtee dhiyaate galmee waliin walitti qabee battalumatti yaada isaa waliin abbaa alangaa waliigalaatiif dhiyeessuu qaba;